Waayee gabaasa dhumaa Koomishinii Rooyaalsi

Ummattoota Viiktooriyaa keessaa walakkaa ol kan ta'an jireenya isaanii keessatti dhukkubbiin sammuu isaanirratti ni mudata.
Sirnichi namoota barbaadaa jiraniif dhiyeessaa hin jiru. Kanaafuu, Mootummaan Viiktooriyaa, Sirna Fayyaa Sammuu Viiktooriyaanotaa irratti Koomishinii Rooyaalsiin bu'ureessee jira.

Koomishinichi hawaasa Viiktooriyaa irraa gumaachawwan 12,500 ta'an argatee jira.

Bara 2019 itti, Koomishinichi fedhiiwwan hatattamaaf deebii kennuuf jecha, gabaasa yeroodhaafii yaadota gorsaa waliin gadhiisee ture. Gabaasni dhumaa Marsariitii Koomishinii Rooyaalsi irratti ni argama. Sirna fayyaa fi nageenya sammuu haarawaa fi baratamaa ta'e uumuudhaaf, Jijjiiramoota guutuu sirnicha irratti jiran ifa baasuun agarsiisa. Sirnichi namoota hundaaf kan ta'u, mijaawaa fi namootni hundi akka salphaatti akka itti fayyadamaniif kan qophaa'edha.

Akkamitti sirna kana akka uumnu kan nutti agarsiisan, yaadota gorsaa 65 tu jiru.

Yaadotni gorsaa kunis kan of keessatti hammatan:

- Seenduubeen fi fedhiiwwan isaanii waan fedhe ta'uyyuu, Viiktooriyaanonni hundi wal'aansa, kunuunsaa fi deeggarsa akka argatan mirkaneessuu.

- Moodeela rakkoodhaan durfamu irraa gara moodeela hawaasa irratti hundaa'eetti adeemuu.

- Maatii fi kunuunsitootaaf sagantaalee deeggarsaa qindeessuu.

- Sirna fayyaa sammu fi nageenyaa walitti fufeenya qabu deeggaruudhaaf caasaalee haaraa uumuu.

- Humna hojii garaagarummaa qabu, guddaa, akkasumas dandeettiiwwanii fi muuxannoo sirrii ta'e qabu ijaaruu.

- Kakaastota namoota muuxannoo qabaniin durfaman qindeessuu.

- Fayyaa sammuu gaarii ta'e uumuudhaaf seektaroota akka Ispoortii fi bakkeewwan hojiitiif karaalee haaraa uumuu.

- Sirna mijaawaa ta'e uumuudhaaf teeknoolojii, tajaajiloota dijitaalaawoo, qorannoo akkasumas argannoowwan fayyadamuu.

Yaadotni gorsaa kunniin Viiktooriyaa keessatti karaa nuti ittiin wal'aansa fayyaa fi nageenya sammuu, kunuunsaa fi deeggarsa ittin dhiyeessinu ni jijjiiru.

Mootummaan Viiktooriyaa Yaadota gorsaa koomishinichaan dhiyaatan hundumaa hojii irra oolchuudhaaf waadaa seenee kan jiruu fi yeroo ammaa kana hojii irra oolchuudhaaf kutatee jira.